OSHOO

Seenaa Jireenyaa Gabaabaa

Afaan Oromootti Kan hiike:-

Bilisummaa Shibbiruu Galataa

2021

Finfinnee; Oromiyaa

© Bilisummaa Shibbiruu Galataa

Mirgi barreessaa seeraan Eegamaadha; Eeyyama barreessaan alatti kitaaba kana maxxansuufi raabsuu akkasumas guutummaa isaa gara maqaa ofiitti jijjiiruun nama tuffachiisa!

Odeeffannoodhaaf

Bilbila

0920237293/0929428759

Face Book: Bilisummaa Shibiruu

Email : abbaaaraarsaa@gmail.com

Telegram : https://t.me/barruuwalaabu/33

YAADANNOO

Kitaabni kun yaadannoon isaa Godambaaf qarooma kush meeshaalee garaa garaa kan masaraa fara'oon keessaa hattootaaf saamtotaan saamameefi hayyoota qaroomaaf siyaasa kush duriif siidaa yaadannoo naaf haa ta'u!

GALATA

Hundumaa duraan dursee waaqa uumaa kiyyaaf galanni yaa ta'u; itti Aansuudhaan maatiwwaan kiyyaaf Barsiisotakoo sadarkaa gadi aanaa hangaa sadarkaa olaanaatti na barsiisaniif haa ta'u!

Yaadaaf Gorsaan namoonni yeroo hundaa na bira dhaabattan hundi keessan galata guddaa na biraa qabdu!

Golgaa kitaaba kanaa dalaguun kan gargaare Barreessaa Bariinaan Jifaaraa Guutaa Guddaa galatoomi!

HUBACHIISA

Jechoonni amantaaf ilaalcha amantaa adduunya kanaa balaaleffatan kanneen as keessatti eeraman kan oshon dubbatedha malee, kan Bilisummaan dubbate miti.

Seenaan as keessatti barraa'an kallattiidhan kan hiikaman osoo hin taane kitaabilee Osho hedduu kan afaan biroon barraa'an keessaa kan walitti coramanii, Afaan oromootti hiikamanidha!

Dabalataan Immoo kitaabni tokkoo seenaan isa keessatti eeramee jiru gaafa Afaan biraatiin dhiyaatuu 'Hiikame' yoo jedhamu, kan kitaaba sana hiikes Barreessaa kitaabichaa osoo hin taane, nama kitaabicha hiikedha. Kanaaf kitaaba Kana kitaabilee Afaan biroo keessa walitti funaanee gara Afaan keenyaatti waanan hiikeef ani nan hike malee hin barreessine; barreessaa kitaabichaa ta'uudhaaf seenaa sana deemee qorachuuf ofii kiyyaaf lafaa kaasee barreessuutu narraa eegama!

- Seenaa Afaan biraan barraa'e afaan biraatti namni hiike barreessaa hin jedhamu!

DHAAMSA

Akkuma beekamu osho namni jedhamu lammiin hindii kun amantaa garaa garaafii dhaabbilee siyaasaa kamuu kan qeequuf namoota hayyuu duree dhaabbilee amantaa garaa garaa ta'an nabiyyuu mohaammad, iyyesuus kiristoos, budihaa fi kanneen biro nama qeequdha. Kanarraa ka'uudhaan namoonni hedduun akka isa balaaleffatan beekamaadha.

Gituma kanaatiin gama biyya keenyaa kana keessaas namoota kitaabilee isaa dubbisaniif hin dubbisne dabalatee hedduun ni balaaleffatu; akkasumallee barjaalee dhaadannoo amantaa "diinaakee akka mataa keetti jaaladhu jedhu baatanii osuma deemanii osho balaaleffaachuudhaafi jibbuudhan kan beekan namoonni hedduun suura isaa gaafa argan maqaa hedduu irra kaa'u.

Maqaalee namoonni hedduun osho irra kaa'an keessaa yoo muraasa ilaalle "inni seexana, inni afuura" kan jedhaniif fikkf akka fakkeenyaatti kaasuu dandeenya.

Ha ta’u gara yaada mataa kiyyaatti gaafan dhufu kitaabni nama osho jedhamu kanaa kanaan dura tasumaa afaan oromootti hin hiikamne akkasumas, akka hin hiikamneef namoonni amantaa hedduun suura isaallee ni balaaleffatu; haa ta’u malee garuu namoonni kunniin kitaabilee nama kanaa keessaa kam akka dubbisan yoo gaafataman garuu tokkollee eeruudhaaf dandeetti hin qabani. kitaaba kana balaaleffachuun waan furmaata hin taaneef dubbisanii yaada yaadan mo’uu wayya malee, callisanii kitaaba baqachuun wallaalummaadhaaf siidaa dhaabudha!

Isa kanaaf ani akka dhuunfaa kiyyaatti kitaaba kana kan biraallee hiikeen jira; isaan kun yaadaa isaaf ilaalcha falaasama isaa kanneen ta’an gara fuulduratti gama kitaaba (hard copy) tiin maxxansuudhaaf haalduree xummureen jira; gaafan kitaaba nama kanaa hiiku garuu yaada isaa dhibbaa dhibbatti kanan deeggaru osoo hin taane, uummaanni keenya falaasama addunyaan kun raajeffattu dubbisuu akka qabu waanan barbaaduufidha.

Kanaaf akkan jibbinsa amantaa garaa garaa irraa qaburra ka'ee hiketti hin fudhatiinaa! Akkasumas ani toora namoota ilaalcha osho fudhatanii itti jiraatanii akkan hin jirre asumaan isin hubachiisuun fedha. Sababnisaa ani waan na baasuuf na nyaatu aleelladheen beeka!

Fuulduratti garuu kitaaba falaasama isaa qabatanii jiran kanneen birootiin walitti deebina; dhaabbileen amantaa kamuu kana na dhorkuudhaaf waan mirga hin qabneef namni tokko dhaabbilee amantaa bakka bu'ee kana na falmuudhaaf yoo dhufe akkan hin simanne asumaanin dhaammadha!

SEENSA

Addunyaa kana irratti taatee uumamu kamuu namni tokko dubbatee ture. Namni kuniis ‘noostira damus” jedhama haa ta’uutii namni kun ajjeecha Hitler raawwateef dhufaatii dhukkuboota garaa garaa hundumaa bara kudha shan soddomoota keessa dubbatee ture. Isaan kana keessaa akka fakkeenyaatti kan kaasnu dhukkuba bifa madaatiin namatti bahee uummata hedduu fixe, kan Waloo Beekamaan Oromoo Doktor Zalaalem “du’a gurraacha” jedhee walaleesse akka fakkeenyaatti kaasuu dandeenya. Akkasumaas namoonni adduunyaa kana irratti irratti dubbatamuuf yaada ajaa’ibaa maddisiisan hedduun akka dhufan illee dubbatee ture.

Namoota ajaa’ibaa addunyaa kanaa keessaa kanneen akka vooneej kan kitaaba isaa sarara lama qofti dubbifame, osho kan haasaaf barsiifni isaa addunyaa kana raase kaasuu dandeenya. Hundumaaf iyyuu kitaabni kunis seenaa “raajinesh” yookaan kan addunyaan maqaa ‘osho’ jedhuun beekamuu gabaabinaan keessee jirti dubbisa!

Addunyaa kana irraa ilaalcha garaa garaatu jira; isaan kanneen keessaa, ilaalcha amantaa, ilaalcha siyaasaa, ilaalcha uumamuu dachee kanaa yookaan aardii kanaaf kanneen biro hedduu kaasuu dandeenya.

Akkuma ilaalchonni garaa garaa addunyaa kanarra jiran namoonni ilaalcha addaa addaallee hedduu isaaniitu dachee kanarra jira. isaan kanneen keessaa addunyaan kan maqaa isaanii adda dureen kaaftu yoo fudhannee kanneen akka sooqiraaxiis, philaaxoos, shiro dinger, osho, buudihaa fi kkf kaasuu dandeenya.

Namoota falaasaman beekaman keessaa kan adda durummaadhaan ka'u yoo kaasnu osho (Raajinesh) nama isa jalqabaati. Akkasumallee kitaabni isaa wantoota hedduun irratti kan haasa'amuufii namoonni amantaa garaa garaa hordofan kan isa balaaleffatan oshoon jechoonniif ilaalchonni isaa hedduu nama raaju.

Gara biyya keenyatti yeroo hedduu maqaan osho gaafa ka'u namoonni hedduun kitaaba isaa dubbisanii maraachuu, akkasuma illee amantaa isaanii jijjiirrachuufi amantii qabaachuurraa walaba akka ta'an hedduminaan

dubbatama. Qabatamaan illee kan mul'atan ni jiru; Kunimmoo ejjennoo dhabuu nama kitabaa sana dubbisuuti malee, kitaabni tasumaa dhukkubbii sammuu (maraatummaa) gosa kamiifiyyuu waan nama saaxilu miti.

Yeroo tokko tokkoo dhaabbileen amantaa kitaabilee falaasamaa dubbisuu waan sodaataniif, nama kitaaba sana barreesseen 'seexana' jedhu. Yoo barbaadaniis 'hafuura haamaadha inni' jedhanii kitaabilee falaasamaa hedduu akka namni hin dubbisneef nama dhorku. Isa kanaaf immoo kitaabileefii namoonni falaasamaa gaafa deebisan "falaasama jechuun garbummaa yaadaaf amantii kan sammuun dhala namaa itti garboome keessaa waanta nama baasuuf tattaafatudha" jedhanii kaa'u. walumaa galatti falaasama jechuun abukaatoo yookaan immoo falmaa Sammuu dhala namaati.

Jechoonni namoonnii falaasamaa dubbataniif kataban falmii sammuu dhala namaa ilaalcha amantaalee fi dhaabbilee amantaa nama bituuf tattaafatan jalaa ittiin baasuudhaaf dubbatamanidha malee, gochaa badiif jecha

badii nama mancaasan akka hin taane namni kamuu hubachuun barbaachisaadha.

Namoonni amantaa garaa garaa keessatti akka abboota amantaatti of ilaalaan sirumaayyuu “Oshon afuuradha” jedhanii yeroo itti isaan odeeffannoo sobaa daddabarsan argaa fi dhaga’aa oolla. Ta’us garuu yoo seenaa osho dubbifne, sobuu namoota kanneenii hubachuu dandeenya. Hagamuu dhaabbileen siyaasaaf amantaa ofii hordofan yoo ilaalcha isaanii kan jaalatan ta’eyyuu, hagas mara soba dhugaa irraa fagoo sobuun mataan isaayyuu isaan tuffachiisa……..

Boqonnaa 1

Bara 1503 biyya Faaransaay Roomee walakkaatti namni jabaan tokko dhalatee ture. Maqaan isaa 'Miishaldi Nostera Damus' jedhama. Namni kun ogeessa fayyaa beekamaa yoo ta'uyyuu, adduunyaa kana irratti kan inni ittiin beekamu raajii isaa kan gara fuulduraatti ta'uuf jiraniinidha. Wantoota inni dubbachaa ture akkuma ergamoonni yesuus Kiristoosiifi raajonnii bara kakuu moofaa kanneen akka Dani'eel, Isaayyas, Eermiyaas, Hisqeel, Hagee, Milkiyaas, Mikiyaas, fi kanneen biroo innis wantoota garaa garaa raajaa ture. Addumatti wantoota inni raaju waan fuulduratti ta'u irratti xiyyeefata. Raajii isaa kanaanis fudhatama guddaa argatee jira; namootaaf beektota addunyaa biratti maqaa dabalataa "Nama boruu" jedhu horachuu danda'ee jira.

Noostera daamus kan inni raajaa ture keessaa, kanneen bahan 'kitaaba miliyeena' jedhamuu danda'anii jiru. Wantoota inni raajaa ture irratti hundaa'uudhaan kitaabileen baay'inaan miliyoona tokko ta'an barraa'anii

jiru. Kitaaba kana keessatti kanneen ka'an keessaa hedduun isaanii waayee Osho irratti kan hundaa'anidha.

Kitaabilee kana keessatti kan inni dubbate waayee tuffii amantaa haaraa ni eerama. Amantaan haaraan kunimmoo "ol aantummaa afuuraa nama dhuufaa meditation)" kan jedhu yemmuu ta'u, Kanneen keessaa yoo ilaallu "Amantaan haaraan kun addunyaa maraa irratti ni babal'ata; amantaan haaraan sun jireenya bifa haaraan fudhachuu barsiisa. Addunyaa hundumaa abbaa qabeenyaa sammuu bilisoomee taasisa amntoota, gosaafii amantaa tokko taasisa" kanneen jedhan akka fakkeenyaatti kaasuu dandeenya. Kan biraammoo nostera damus Waayee gochaa Adolf Hitlar lammiilee yihuudii irraatti raawwate dursee nama dubbachuu danda'edha!

Noostera Daamuus waayee amantaa haaraa, waayee barnoota isaa fi waayee barsiisaa afuuraa isa haaraa raajii isaa keessatti dubbateera. "wantoota kanneen kan hojjetuf kan raawwatu akkasumallee kan barsiisu gara

Eshiyaa kanaa ni dhufa maqaan isaas urjii faana kan wal qabate ta'a" jechudhaan illee raajee ture.

Hammas itti fufee gaafa raaju "Gurri namoota hedduu haasaa mi'aawwaadhaan guutamu; dubbataa guddaaf beekamaa ta'uu isaarraa kan ka'e bartee amantaalee falaasamaan agarsiisuudhaan qabeenya ogummaa dhokataa cinaa amantaalee garaa garaa jiru salphaadhumatti lallaba" jechuudhaan raajiin kun dubbachuu isaa beekamaadha!

Kana malees "namoonni haasaa warqee waayee dhugaa dubbatamu dhaggeeffachuudhaaf hedduu hawwu. Fala falmisiisoo ta'an fayyadamuudhaan namoota kakaasa. Kanumaan hir'ina yaadaa kanneen qabanif raga dhibbaa dhibbaa dhiyeeffachuuf warra rakkatan amantaalee addunyaa kanaa ni jeeqa sodaallee itti uuma. Nama tokko tokko bilisa baasee gara jireenyaatti geessa. Dhala namaa rakkina keesssaa baasee gara jireenya bilisaatti baasuudhaaf karaa dheeraa deema" kanneen jedhaman raajii Nostera Damus raaje keessaa ka'uu danda'u! namni kunimmoo kan har'a ilaalchi falaasama isaa

adduunya kana irratti beekkamtii jabaa hore OSHO yookaan immee Raajinesha nama biyya hindiiti.

Walumaa galatti nostera daamus wantoota inni raaje hedduun kan raawwataman yoo ta'u kan fuulduratti raawwatamanillee eeramanii jiru.

Waan hundumaaf iyyuu seenaa nama kanaa kan dhalachuu isaa dura akka dhalatu karaa raajii biyya Faransay dubbatame kanaafi seenaa isaa gabaabaa akka armaan gadiitti haa ilaallu.

Maqaan dhalootaa isaa kan Abbaansaa baaseef 'Chaandiraa Mohaanjee' jedhama; hiikkaan maqaa kanaa "gooftaa urjii" jechuudha. Jecha gooftaa urjii jedhu kana kan noostera Daamus "maqaan isaa urjii faana wal qabata" jedhee dubbate sana akka mirkaneessee asumaan hubachuu qabna!

Kan inni dhalate akka lakkoofsa warra gorgoresaanitti bara 1931 biyya Hindii keessattidha. Abbaan osho daldaalaa huccuu yemmuu ta'u, ilmi isaanii chandiraa monaanjeen ilma kudha tokkoffaa isaaniiti. Seenaan maatii oshoo jireenya isaa keessatti dhiibbaa akka

geessisee oshoodhumti mataan isaa lallaba isaa fi kitaabolee seenaa isaa caqasan hedduu keessatti ni eerama.

Waggoota kumaatama hedduu dura waayee dhalachuu isaa karaa Raajii beekamaa Nostera Damus kan dubbatame oshoon, akkuma garaa haadha isaa keessaa baheen wantoota nama ajaa'ibsiisan hedduu agarsiisuu eegale. Innis gaafa dhalate guyyoota sadiif aannan hodhuu dhiise; kanarraa ka'anii maatiin isaa hedduu dhiphatani. Keessumattuu ogeessonni fayyaa "mucaan kun eerga harma hodhuu dhiisee akkamiin lubbuudhaan tura?" jechuudhaan fala hedduu dhahuu eegalani. Taatee kana ooshoon yeroo duuka buutota isaa barsiisaa ture, akkas jechuudhaan kaasee dubbataa ture "haadha kiyya waanta ta'e tokko gaafachuu dandeessu; sababnisaa isheen aachi turte; eergan dhaladhee booda, guyyoota sadiif aannan homaayyuu hin dhugne. Hundumtuu dhiphatee bitaa itti gale. Ogeessonni fayyaa mucaan kun aannan eerga dhuguu didee akkamiin lubbuudhaan tur? Jedhanii dhiphatani. Haa ta'uyyuu malee rakkoo kiyya hin beekan ture. Rakkoo akkamii akka natti uumaa jiran

waanta beekan hin qaban ture. Karaa isaaniif danda'ameen na dirqisiisuuf yaalu. Animmoo kana karaan ittiin ibsuufii danda'u yookaan immoo rakkinakoo ofuma isaanii karaan bira gahan hin jiru" jechuudhaan taatee sana bifa ogeessota fayyaa sana qeequun dubbata!

Oshon akkuma dhalateen daa'imummaa isaatti akka warra akkawoof akaakayyuu isaa biratti guddatuuf gara isaanii geeffame; akkuma aachi gaheen isaan biratti guddina eegale. Akaakayyuun isaaf akkawoon isaa hacuuccaa tokko malee waan guddisaniif, mana barumsaa illee akka deemuuf hedduu isa dirqisiisuu irraa of qusatu ture. Akaakayyuun osho nama tapha chizi tapahachuu jaalatu yemmuu ta'u oshon akaakayyuu isaa kanaaf wantoota hedduu kaasee qeeqaa ture. Innis akaakayyuu isaa kanaan "maaliif tapha kana yeroo hundaa taphattaa?" jedhee yemmuu gaafatu akaakayyuun isaas "yeroo ittiin ajjeesuudhaafi" jedhee deebisaafii ture. Kana booda oshonis deebisee,

“Hamma umuriinkee deemaa jira; ati garuu yerookee ajjeesta akka yeroo ajjeesaa jirtu hin yaadduu? Waan hin hubanneef ati akka yeroo ajjeesaa jirtu dubbatta. Yeroo maal akka ta’ellee hin beektu. Eessaa akka jirus hin beektu. Mee yeroo qabiitii natti agarsiisi” jedhee itti falmaa ture.

Osuma haala kanaan jiranii oshon yeroo waggaa torba ga’u akaakayyuun isaa du’aan addunyaa kana irra boqotani. Du’aan boqochuun akaakayyuu isaa jireenya oshoo kan jijjiireefi hedduu kan isa gaddisiise ture. Kanas deddeebiidha innumti mataan isaa dubbataa ture. kitaaboleen waayee isaa kaasan illee ni addeessu!

Sana booda akka madaatti osoo kan isa dhukkubse erga akaakayyuun isaa du’ee booda gara maatii isaatu deebi’uu ture. Sababni isaa immoo oshon abbaa isaa biratti deebi’uun jireenya isaaf abbaa isaa gidduutti wal dhabdeef falmii jajjabduu uumaa akka ture irra deddeebiidhaan dubbata. Akkuma maatii isaa biratti deebi’een gara mana barumsaa amantaa deemuu eegale. Akkuma mana barnootaa sana deemuu eegaleen dhiibbaa

garaa garaa geessisuu fi hooggantoota amantaa sanaaf gaaffii isaan deebisuu hin dandeenyeef yaada isaan hubachuu hin dandeenye kan isaan akka fanjii sodaatan itti kaasuun isaa namoota hedduutti gaaffii uumuudhaan, daa'imummaa isatti ajaa'ibsiifannaa jabaa akka argatu isa taasisee jira. Kanuma irraa maqaa dabalataa 'Raajineesh' jedhamu baheefi. Inniis maqaa haaraa jabinaaf bilchina umurii kanatti inni mul'ise irraa ka'uun namoonni baasaniif kana jaalatee fudhate. Namoonnis yeroo hedduu ittiin waamuu eegalani inniis maqaa sanaan waamamuu isaatti gammade.

Oshon haala kanaan qalbii nama hedduu keessa galee osoo jiruu, Gaaffii kanaan dura gaafatamanii hin beekneef jajjaboo ta'an nama gaafachuun isaa immoo caalumatti beekkamtii isaaf kenne. Oshon yeroo hedduu abbaa isaa faana mana barumsaa amantaalee hedduu ni deema ture; haa ta'uyyuu malee garuu gaaffii inni nama gaafatu hedduun isaa waan namoota hedduu yaaddesuuf abbaan isaa fuudhee manaa bahuu dura, manatti akkeekkachiisa itti kenna ture. Oshonis abbaan isaa waan inni hin barbaannetti akka isa hin dirqisiifne abbaa isaa

dursee akeekkachiiseetu manaa bahanii deemu. Oshon Abbaa isaa faana hedduu wal falmuufi yaada garaa garaa irratti wal falmuuf walii galuu dhabuun isaa immoo addatti kan beekamudha; kunis ta'uu kan danda'eef waanta Abbaan isaa fudhatu innimmoo sababa hedduu dhiyeessee morma. Kana malee wanta oshon raawwatus abbaan isaammoo jabeessee morma. kanarraa kan ka'e, wal dhabdeef walitti bu'iinsa yaadaa hedduutu oshof abbaa isaa gidduutti mul'achaa ture.

Oshon yeroo xiqqummaa isaa Wantoota naannoo sanatti hin raawwatamne kamuu qaanii tokko malee raawwata. Kanarraa kan ka'e immoo abbaan isaa yeroo hundumaa isa lola. Ta'ullee oshon yaada abbaan isaa xinxaaluu hin dandeenye hedduudhaan akka nama jabaatti abbaa isaa falma. Kanneen keessaa naannoo maatiin osho jiraatanitti harree yaabbachuun waan qaaniif safuu yemmuu ta'u, oshon garuu harree yaabbatee gulufsiisuu/ fiigsisuudhaan namoota naannoo sanaaf waan ajaa'ibaa ta'ee jira. Kanarraan kan ka'e, abbaan isaa yeroo hedduu isa lola oshoniis rifatee dhiisa osoo hin taane falmii dheeraa abbaa isaa faana gaggeessa.

Oshon ijoollee ta'ee osoo jiruu taatee uumame kan biraan tokkommoo yeroo mana barumsaa sadarkaa gadi aanaa barachaa turetti, taateen dinqisiisaan tokko isaaf barsiisota gidduutti uumamee ture. Innis oshon akka inni ta'uu qabufi waan inni raawwachuu qabu yeroo itti himan mormii agarsiisa. Kanarraa ka'uudhaan barsiisonni "seeraan amalakee yoo bareechattee mucaa kennaa addaa qabu taata" jedhanii sossobu ture. Innis bifa dheekkamsaan deebisee "kennaan addaa hallayyaatti haa badu; ani of ta'uudha kanan barbaadu" jedhee deebisaafi.

Akkasumallee yeroo wayitii barnootaa miila isaa teessoorra kaawwatee taa'uu jaalata. Kanarraa kan ka'e barsiisonni hunduu itti aaru "amala akkamii qabdaa?" jedhanii itti dheekkamu. Oshonis deebisee "teesson kun homaa naan hin jenne. Kunummoo anaaf teessoo kana gidduu walii galtee jirudha. Kanaaf isin maaliif hedduu mufattuu? Miilakoo mataa keessan irra hin kaa'iin malee, isinillee akkuma kiyyatti bashannanuu dandeessu. Haala kanaan waanta hin fayyadne kan isin barsiisaa

jirtan karaa fooyyee qabun hubachuu waanan danda'u natti fakkaata" jedhee deebisaafi.

Gama biraatiin immoo oshon yeroo hundumaa abbaa isaa faana wal dhabdee yaada kan baay'isu yemmuu ta'u, maatiin isaa dunkaana huccuu qabu turani. Dunkaanni isaanii kunis mana jireenyaa isaanitti wal qabatee waan jiruuf oshon dunkaana sana seenee bahaa oola ture. Dunkaanni isaanii balbala mana jireenyaa isaanii fuuldura waan jiruuf oshon yoo manatti galuuf manaa bahu dunkaana sana bukkee darbuun dirqama ture. Namoonni naannoo sanaafi kan dunkaana abbaa Osho dhufan oshotti quba qabuudhaan "mucattiin kun kan eenyuuti?" jedhu turani. Sababni isaa immoo oshon rifeensa waan guddifateef dubara itti fakkaateetu ture. Abbaan isaa garuu osoodhuma rifatuu ilma isaa ta'uu dubbata ture.

Guyyaa tokko ilaacha namoonni olla sanaa oshof qabanitti kan gaddeef kana are abbaan isaa rifeensa isaa qabuudhaan maqasii ittiin huccuu baqaqsuun gabaabsee

mure. Oshonis callisee ilaaluu isaatti raajeffatee “homaa waan jettu hin qabduu?” jedhee gaafate.

Oshonis deebisee, abbaa isaatiin “kallattii mataa kiyyaatiin waanan siin jedhu qaba” jedhee deebiseefi. Abbaan isaas rifatee “maal jechuudha?” jedhee deebisee gaafate. Oshonis “ni agarta” jedhee gara mana rifeensaa fuullee mana isaaniitti argamuu tokkoo deeme.

Oshon fuullee mana jireenyaa isaanitti toora galanii kan argaman manneen rifeensaa hedduu keessaa, nama rifeensa sirreessu kan hedduu jaalatuuf yeroo tokko tokko saatii dheeraa kan wajjin haasaa taasisan bira dhaqee “rifeensakoo guutummaa guututti naaf haadi” jedhe.

Hindi keessatti namni abbaan isaa du’e rifeensa haaddachuun aadaa beekama waan ta’eef mucaan rifeensa siirreessu kunis rifatee “abbaankee maal ta’e?” jedhee oshoo gaafate. Oshonis suuta jedhee, “kanaaf hin dhiphatiin kanan siin jedhe qofaa raawwadhu. Siin waanti dhiphisu homtuu hin jiru kanaafuu rifeensakoo

osoo homtuu hin hafiin naaf haadi" jedhee akeekkachise sanumaan rifeensa isaa haaddate.

Akkuma rifeensa isaa haaddateen mana rifeensaatii bahee yeroo gara manaatti bahu abbaa isaa dabalatee, maamilonnii abbaa isaa fi namoonni biroon nahanii "kun mucaa eenyuuti?.....abbaa isaatu du'emoo?" jedhanii gaaffii wal gaafachuu eegalani. Abbaan oshos qaaniidhaan guutamee, "mucaa kiyyadha anis lubbuudhan jira haa ta'uyyuu malee, waan tokko akka inni raawwatu nan beeka ture deebii sirriidha naaf deebise" jedhe. Oshon bakka deemu hundumatti namoonni 'abbaankee maal ta'e?" jedhanii yeroo gaafatan innis deebisee "namoonni yeroon isaanii geenyaan ni du'u; waayee isaa dhiphattuu waayee rifeensa kiyyaa hin dhiphanne" jechuun deebii laatee bira darbaa ture.

Oshon akkuma umuriidhaan guddachaa dhufeen gaaffiilee inni kaasu hedduummachaaf namootatti ulfaachaa dhufani. Kana biraan abbaa isaa faana wal lolaa jiraachuun isaa ittumafufee deema. Akka aadaa

hindiitti manguddoonni dullomoon gaafa gara maatii oshoo keessummummaa dhufan abbaan oshoo miila jaarsolii kanaa gadi jedhee dhungata akkasumallee oshoon akka miila jaarsolii kanaa dhungatuuf yoo abbaan isaa itti himu kallattumaan “hin dhungadhu sababan dhungadhuufis hin beeku” jedhee faalmaa ture. Kanarraa kan ka’e abbaan osho waan umuriidhaan fagaataniif akka dhungatu yoo ibsuuf innis deebisee “Umuriin fagaachuu qofti dirqama kabaja hin fidu; manguddoon sun yeroo dargaggeesa turanitti yoo nama badii turan umuriin isaanii waan jijjiiru jiraachuu dhiisuu danda’a. yoo dullooman immoo rakkisoo isa caalu ta’uu danda’u” jechuudhaan didaa ture.

Oshon jabaatee, waggaa kudha shanaffaa isaatti mana amantaa deddebi’ee barnoota dhaabbileen amantaa dabarsan hordofaafii gaaffi hedduu jajjabaa angawoota amantaa garaa garaatti kaasaa ture.

Haa ta’uu osuma umurii kanaan jiranii hiriyaa dubaaraa hedduu jaalatu tokko baafatee ture. Isheenis hedduu kan isa jaalattuuf innis ishee akka ajaa’ibatti jaalata ture.

Osoo haala kanaan jaalala dargaggummaa waliin dabarsaa jiranii, isheenis dhukkuba taayifoodiitiin qabamtee, waan itti cimeef duute. Oshoniis dhukkubsattee du'uu hiriyaa dubaraa isaa humnaa ol gadde. Sababuma Kana irraa kan ka'e oshoon ammas ilaalcha kan biraa maddisiisuu eegale. Yeroo kanatti egaa jiraachuu uumaa ganee gara ilaalcha soshalizimitti gale.

Akkasumallee gochaan isaa uummata magaalaa inni keessa jiraatuu biratti hedduu kan nama ajaa'ibuuf namoota hedduu biratti gaaffi kan uume ture. Biyya hindii keessumaa mandara oshon keessa jiraatu keessatti, Akka aadaaf amantaa Jooynaaziyeemiitti moloksoonni tasumaa kookaa koollaa hin dhugan ture. Koka kollaa dhuguun akka yakka jabaa yookaan cubbuu guddaatti ilaalama. Amantaan Joynaziyemi koka kollaa dhuguu jabeesse dhorka ture. Daran jabaachuu seera amantaa sanaa irraa kan ka'e moloksoonni gaafa dubartootatti dubbatan illee fuula dubartootaa keessa hin ilaalani. Fiixee funyaan isaanii ilaalaa haasa'u.

Akkasumallee wal dhokatanii tarii kookaa kollaa dhugu jedhamanii waan shakkamaniif moloksoonni yeroo hundumaa wal faana deemu ture. Guyyaa tokko oshon qaruuraa dhugaatii biraatti icciitiidhan kookaa koollaa naqee moloksoota shanan sanaf kennee ture. isaanis callisanii dhugani. Erga isaan dhuganis oshoon callisee iccitii kana garaa isaatti qabatee taa'e. Yeroo boodaa gaaf tokko abbaa isaa faana yoo gara mana amantaa deemaan teessoon bakka ol ka'aa irratti argamu kan monoksoonni qofti irra taa'an jira ture. akka carraa guyyaa sana monoksoonni afur teessoo afur sanarra taa'anii jiru. Teessoo isa aferra namni taa'ee hin jiru eessa akka dhaqe kan addaa hin bane monokseen tokko isaan hafan faana hin turre.

Oshonis teessoo duwwaa kan monoksoonni kabajaaf soda namni qabuuf irraan kan ka'e irra taa'an sana tokko agarraan deemee irra taa'e. sana booda monoksoota keessaa tokko aariidhan abbaa osho ofitti waamee "bakka kanarra moloksootaan kan hafe namni kamuu taa'uun hin eeyyamamu ilmaakee kana aachirraa nuuf kaasi" jedhee dheekkame oshoniis miira tasgabbiin

moloksee sana waamee “suuta itti yaadi qaruuraa sana yaadadhu” jedhee deebiseef kanumaan moloksee kan biraan yaadaan osho sossobaa “hanga barbaadde taa’i’ jedhee eeyyameefi. Guyyaa sana oshonis teessoo monoksonni qofti irra taa’an irra taa’aa ture hanga sagantaan sun xummuramutti.

Akkuma aachii gadi bahaniin hawaasni waayeen qaruuraa sanaa gaaffi itti uumnaan osho duukaa deemee gaafate. Oshoniis “monoksootaa gaafadhaa akka isin hin sobneef isin faanan dhufa. Sana boodaa monoksoonni isin itti amantan waan akkamii akka ta’an ni hubattu yaadaa keessan hundumaa kan jajallisan isaanidha” jechuudhaan deebiseef!

Akkasumallee oshon yaadaan ilaalcha siyaasaaf nama siyaasaa kamuu ni morma ture. Yeroo tokko waanta magaalaa isaanii keessatti uummaanni mootummaa biyya sana gowwoomsuudhaaf taasise akkaata ittiin isaan saaxile akkas jedhee hima.

“Yeroon barataa ture mummichi ministeeraa hinddii inni jalqabaa Jawaharlaal Nehir magaalaan ani keessa

jiraadhu daawwachuu dhufanii turani; magaalattiin JABALTUL partilaand ameeraa caalaa harka kudhaniin kan bal'attu yoo taatu, magaalattii iddoo lamatti adda kutee kan darbu laga balfaatu jira. yeroo hundaa kanan irra darbu riqicha abbaa jirma sagalii jala balfi jiru nama furreessa.

Muummichi ministeeraa yeroo magaalattii daawwatanitti lagdi baalfaa sun qorumsa guddaa ta'e; hoogganaan keenya gara magaalichaa gara kutaa biratti darbuudhaaf dirqama riqicha ce'uun irra ture. xiraa lagichaa funyaan hoogganaa keenyaa irraa hambisuudhaaf bulchiinsi magaalichaa tarkaanfiin isaan fudhatan bitaa fi mirga riqichaa abaaboodhaan golguu ture.

Yoon gara yuunibarsiitii imaluuf jedhu namoonni hedduun osoo riqicha abaaboodhaan kukkulaniin ilaaleen dhaabadhe; naannichattii hedduun isaanii shaa jechaa jiruun itti makamee kukkuluu eegale. turtii muraasa booda muummichi ministeeraa gara sanatti yoo dhiyaatan anis uummata faana dhaabadheen eege.

JIP banan muummicha ministeeraa qabatte akkuma walakkaa riqichaa geesseen karaa cufeen dhaabsise yeroo hunda kan nama itti hin bunne eegdonni isaa yeroo sanatti riqicha warra tola ooltummaadhaan qulqulleessanif dhiisanii waan tureef kan narratti xiyyeeffate hin turre. Hojii mimmidhagsuu isaa waan xummurree jirruuf riqicha miidhagina abaaboo sanaan guutamee waan tureef namni kamtuu foolii laga sanaa baruu hin dandeenye!

Gara jippii sanatti siqee muummicha ministeeraa sanaan akkasin jedheen ‘maaloo konkolaataa irraa bu’aati habaaboo kana duuba kan jiru maalummaa magaalaa kanaa ilaalaa; habaaboon kun hundi kan asitti sararameef simannaa keessaniif osoo hin taane, isin gowwoomsuufidha’ jedheen itti hime. isaanis ‘maal jechuu keeti?’ jedhanii na gaafatani.

Anis deebiseen ‘bu’aatii habaaboo duuba ilaalaa’ jedheen deebiseef abbootiin taayitaa magaalaa sanaafii eegdonni isaanii muraasni dhorkuu yaalanis muummichi ministeeraa hin dhaabanne.

Hammas ittuma fufeen ‘isaan wallaaltonni kun waan jedhan hin dhagahani kutaa magaalaa gara biraattii faayaa abaaboo wal fakkaataa arguu kan dhabdaniif maaliif isinittii fakkaata? Habaaboo duuba ilaalaa’-n jedheen.

Muummichi ministeeraa ija isaanii amanuutu itti ulfaate; gara kantiibaa fi abbootii taayitaa birootti garagalanii, ‘osoo mucaan kun jabaa ta’uu baatee miidhagina magaalichaa isa dhugaa hin argu ture waan hundaafuu kana hojjechaa turtanii?’ jechuudhaan gaafatani.

Itti aansuudhaan gara kiyyatti garagalanii, ‘yeroo gara dalhi dhuftu na gaafadhu’ naan jedhani. Anis ‘akka carraa osoo hin taane isin ilaaluuf jecha nan dhufa ta’uulleebaatuu eegdota akka na seensisan itti naaf himaa’-n jedheen.

Barreessaa dhuunfa isaanitti ‘homaa akka hin dhorkine’ jedhanii ajaja itti naaf kennani. Kallaattii kanaanidha barreessaan keenya jalqabaa hordofaa kiyyaa ta’uudhaaf kan danda’e manni jireenyaa muummicha ministeeraa Nehiru banaa naaf ta’e. Mudannicha tasumaa hin

irraanfadhu; sababnisaa dhugaa dhala namaa kan na agarsiise ture" Jedheetu taatee gaafa sanaa dubbata!

Oshon bara baraataa sadarka gadi aanaa turee kaasee hanga yuunivarsiitiitti barataa cimaa ture. akkasumallee barnoota sadarkaa olaanaa hordofuu kan eegale oshoon umurii isaa waggaa 19tti koolleejjii barachuu eegale. Haa ta'uyyuu malee gaaffii jajjaboo kaasuun isaan isuma faana kan deemu yoo ta'u akkuma dhaabbilee garaa garaa baratu gaaffi jajjaboo inni kaasu hanga barsiisota yuunivarsiitii garaa garaa faana walitti isa buusuttu gahee jira.

Oshon yuunivarsiitii waggaa jalqabaa yeroo turetti baatilee sadi jalqabaa keessa rakkoo gama barsiisaa isaatiin isa mudate akkas jedhee dubbata.

"Yuunivarsiitii ani itti baradhe keessa kan turan barsiisaa falaasaamaa kan turan piroofessara guddaan tokko sababa kiyyaan hojii gadhiisuudhaaf murteessani. Maqaan isaanii *sharvartaav* jedhamu. Yuunivarsiitii waggaa tokkooffaa reefuu ji'a sadaffaa anaa jirudha

piroofessarichi ani aryatamuu baannaan hojii akka gadhiisaan kan isaan beeksisan.

Piroofessaricha daree dhiisanii deddeebiidhan bahu turani. Ani ‘rakkoon maalidha? Kaffaltii haalaan nan kanfala isinis barsiisaa anis nan baradha’ jedheen isaan kadhadhe.

Piroofessaan sharvastaav kan isaan naaf deebisan garuu ‘gaaffiin ati yeroo hundumaa kaastu dhiphina keessa na galcha; tokko yoon deebisu gaaffii kan biraa uuma turtiin baatilewwaan darban sadanii wayitii barnootaa tokkoo caalaa deemuu hin dandeenye. Ati yoo daree keessa jiraatte, waanti jalqabaa kamtuu hin xummuramu. Kanaafuu…….’

Anis deebiseen ‘Garuu bar isin beekaa baratedha. Waggoota 30 keessatti barattoota hedduu agartaniittu. Maaliif dhiphattuu? Waanti isin hin beekne yoo jiraate ‘hin beeku’ jedhaa rakkoon keessaan gara jabuma ‘hin beeku’ jechuu dhabuu keessani malee ana miti. Waan hin beekne hundumaa deebisuudhaaf hin dhama’iinaa

maaliyyuu yoo ta’e hunduu kan beeku miti. Isinis’ -n jedheen.

Piroofessarri sun yeroo sana sirna wal simannaa Aristootil barsiisu ture. ‘Falaasama hindii barachuudhaaf waggoota lamaan jalqabaa sirna wal simannaa barachuun dirqamadha. Piroofessaricha faana yeroon falmii gaggeessu, deddeebi’ee Aaristootil kan hedduurra hin caallee wallaalaa akka ture itti himeera. Kitaaba irratti lammii giriikii wallaalaa dubartoonni ilkaan dhiirotaa gadi akka qaban faa barreese ta’us,

Aaristootil haadha manaa lama qaba ture. Ta’us garuu ilkaan haadha manaa isaa tokkollee lakkaa’uu hin dandeenye ture. Giriikonni bara isaaniitti dubartiin dhiiraa gadi ta’uu waan amananiif aaristootilis deeggaraa amantichaa ta’eera.

“Abbaa wal simannaa” kan isin jettaniin kun aaristootil waan salphaa mirkaneessuuf dandeettii hin qabu. Ilkaan haadha manootaa isaa lakkaa’uu caala, ariifatee lakkoofsa xiqqaa qabaachuu isaanii barreesse. Osoo lakkaa’ee hin mirkaneeffatiin duuchaadhumatti ilkaa

dogoggoraa baayotaa fudhate ture. jedhee yeroon isaan falme piroofessarichi gara itti gaafatamaa koolleejjichaa deemanii na himatani sana booda hoogganaan koolleejjii sanaas na aryatani anis rakkoon kiyya maalidhaa jedhee yoo gaafadhu yaaddoo barsiisonni mana barumsaa sanaa qaban qofaa akka sababaatti naaf kaasa.

Waggaa lama mana barumsaa irraa adabameen yoon deebi'u hoogganaan mana barumsaa sun koolleejjiin 20 ol kan keessaatti argamtu gara magaalaa Jaalpuuritti akkan deemu na taasise akkan aachi gaheen illee professor sharvastash faana wal dhabdeekoo barsiisonni dhagahan yoon daree seenee kanan hin baranne ta'e qofa akka na simatan naaf eeran" jedheetu yaadannoo koollejjii garaa garaatti isa mudate dubbata…….

Yeroo kolleejjii barachaa turettii barsiisonni gaaffi jajjabaa inni kaasu irraa kan ka'e akka inni yeroo hundumaa dareetti argamu dirqisiisuu irraa of qusatanii yeroo bal'aa laataniifi. Innis kanarraa ka'uudhaan yeroo bal'aa argame kanatti fayyadamee, gaazexaa naanno sanatti dhiyaan irratti gargaaraa qopheessaa olaanaa

ta'uudhan hirmaannaa isaa cimsate. Akkasumas wal ga'iif sagantaalee amantaa garaa garaa irrattillee haalaan hirmaachuuf isa gargaare. Barsiisonni daree barnootatti argamuu oshoofi gaaffi ciccimaa kaasuu isaa irraa kan ka'e haal duree akka inni yeroo hundaa daree barnootaa hin seenne waan kaa'aniif oshoonis yeroo isaa kana wantoota garaa garaa dalaguu eegale. Isaan keessa gaazexaa naanno sanatti dhiyaatu gargaaraa qopheessaatiin irratti hirmaachuun isaa warreen eeramanidha.

Maatiin isaa bara kana keessa akka fuudhuuf illee gaaffi isaaf dhiyeessinaan diduudhaan amala fincilummaa isaa calaqqisiisuu ittuma fufe. Oshon ganna 21ffaa isaatti muka jala taa'ee osoo boqonna sammuu (meditation) osoo gochaa jiruu afuuran akka ol butamefaa dubbachuun isaa immoo, xiyyeeffannoo namoonni isarraa qaban caalatti akka cimu taasise.

Oshon digirii lammaffaa isaan yuunivarsiitii saagar irraa filoosoofiidhaan gaafa eebbifamu qaphxii olaanaa galmeessuudhaan, badhaasa warqee argatee ture. Ta'us

garuu meedaliyaa warqee badhaafame sana bishaanitti darbatee gate. sababa darbateef immoo "kan ana osoo hin taane maatii kiyyatu barbaada" jedhee dubbate. Akkasumallee beekkamtii namoonni hedduun hawwan oshoon garuu ni balaleeffata. Isa kanas yoo dubbatu *"Fame is foolish Meaningless and pointless. Even if the whole world knows you, how does it make your richer? How does it make your life more blissfull? How does it help you tobe more understanding? To be aware? To be more alert?"* jechuudhaan beekkamtii namoonni hedduun hawwan balaaleffata!

Gama biraan immoo koolleejjii shaankiriit keessaatti hojii barsiisummaa argatee barsiisuu eegale ta'us garuu barsiisa isaa warren hubachuu dadhaban hedduun himannaa "miira barattootaa jeeqa barsiisa ijolloonni kunneen hin dandeenye barsiisaa jira" jechuun irratti haasofnaan ogummaa barsiisummaa dhiise.

Dhiibbaan gama dhaabbiilee barnootaa garaa garaatiin irra haa ga'uyyuu malee yunivarsiitii itti barate japalfor yuunivarsiitii keessaatti muudama pirofessarummaa

argate. Barsiisota mana barumsaa sanaaf namoota hedduu irraas “Barsiisaa falasamaa” maqaa jedhuuf kabaja jedhu argate. Magaalota hindii keessa deemees barsiisuu eegalee turtii muraasaa boodaa maqaa “Ajaariyaa” jedhamu argate. Hiikkaan isaas “Barsiisaa piroofessara” jechuudha.

Umurii isaa kana keessa ilaalcha siyaasaa sooshalizimii hordofaa kan ture oshoon hamma garuu cirumaa jala sararee mormuu eegale. Irra deddeebiidhaanis “sooshalizimiin hiyyuummaa waan fiduuf akkasumallee waan baay’isuuf hin barbaachisu” jedhee dubbachuufi barsiisuu eegale.

Akkasumallee qabsaa’aa jabaa lammii biyya hindii kan ture Maatamaa Gaandiis dabalatee namoota hedduu balaaleffachuu eegale. “Maatamaa gandiin umurii dheerachuuf jedhee saal-quunnamtii raawwachuu dhiise. garuu eerga waggaa 75 gahee halkan abjuu keessa sanyiin kormaa qaamaa saalaa isaa keessa bahe” jedhe irratti dubbachuus ittuma fufe.

“Hindiif kan barbaachisu sirna kaappitaalizimii saayinsiif teknolojiidha akkasumallee maloota ittisa da’umsaaf to’annaa baay’ina namaati” jechuudhaan mala ittiin baay’ina namaa to’atan immoo dhiirri tokkoo dubartii lama fuudhuu caala dhiirri lama dubartii tokko fuudhuu akka furmaataatti kaa’ee darba. Sababni isaammoo dhiirri tokko yeroo dubartii lamaafi isaa ol fuudhu lakkoofsi namaa daran waan dabaluuf mala dhiitti lama dubartii tokko fuudhuu akka filannootti kaasee dubbata.

Akkasumallee barsiisa isaa keessatti amantaalee hundumaa balaaleffata. ittuma fufee dubbachuun isaa nama addaa isa taasisa. “addunyaa kana irra maraatuu lamatu jiraa isaanis amantaaf siyaadha” kan jedhu Ooshoon ilaalcha siyaasaa namootaa yoo ibsus “namoonni siyaasaa yaada abdii isaan siniif kennamu tasumaa xummura hin argatu. Namoota siyaasaa gidduutti hiriyaa hin argattu argachuus hin dandeessu. Namni siyaasaa dhukkuba sammuutiin kan guutamedha kanaaf haasaa namoota siyaasaa hin fudhatiinaa”

jechuudhaan yoo namoota siyaasaa balaaleffatu qixuma kanaan immoo amantaas ni qeeqa ni balaaleffata.

Amantaa ilaalchisee kan waantoota ooshoon dubbatu keessaas muraasa yoo ilaallu

“namni tokko amantaa malee jiraachuu ni danda’a; amantaan tokko garuu, nama malee jiraachuu tasumaa hin danda’u. uumaa kan nuti jennuun kuniyyuu yeroo hundaa kan jijjiiramudha. Waaqayyoo eerga addaamiif hewaan jaannata keessa kaa’ee maaliif baala sana isaan biratti biqilchee? Waanta tokko hubachuu osoo hin danda’iin yeroo itti aanu waanta sana jijjiiruuf dhamaatu. Barootaaf dhalli namaa dararama carraa isaanii godhanii fudhatanii jiraataniiru. eenyuyyuu gaaffii ‘maaliif?’ jedhu hin kaasne ture. Gaafficha gadi dhiisuu keessan dura deebii kan qopheeffatan ergamoota amantaa, lubootaaf daqonoonni qophaa’oo ta’anii, isin eegu.

Kiristaanummaan gaaffii kanaaf deebii dursee qopheesseera; kanaafuu Addaamiif Hewwaan cubbuu jalqabaa waan hojjetaniif isin ni adabamtu hamma walitti dhufeenya isaa na hubattanii?

Amantaan kiristanaa addunyaan keenya dhalachuu kiristoos dura waggaa kuma afuriif afur dura uumamuu ishee dubbata; herreegni kun sirrii miti. Umuriin adduunyaa keenyaa baroota miiliyoonotaan lakkaa'ama; adduunyaa gaafan Isiniin jedhu dachee keenya jechuu kooti. Hawaan Aduu fi urjiilee qabate immoo umurii kan quufe ta'uu qalbeeffadhaa. Cubbuu Addaam hojjeteef waaqayyoo itti loluu danda'a.

yoosoo isin maaliif cubbuu Addaamiif adabamtuu? Isin gargaartota badii sanaa miti; yakka addaamitti gaafatamuu namni qabu yoo jiraate isuma waaqayyo mataa isaati; Sababni isaa muka hubannaa sana dursee kan uume isadha. Akka Addaam hin nyaanne erga barbaadee mukichaa uumuun isarra hin turre.

Cubbuu jalqabaa kan hojjete yoo jiraate waaqayyoo mataa isaati. Eerga muka sana uumee booda akka addaam muka sana hin nnyaanne itti himuun maaliif barbaachisee? Akka ilaalcha kiyyaatti addaam muka hubannaa sana miiliyoonota keessaa adda baasuu hin danda'u ture; osoollee mukicharraa nyaateyyuu akka

carraati malee itti yaadee hin ta'u ture. ta'ullee waaqayyoo dursee addaamiin akeekkachiisaan itti hime. 'muka hamaaf gaarii nama barsiisan irraa hin nyaatiinaa'

Kan kana godhe waaqa yihuudaati yihuudiin gara biraa sigimand firooyid yihuudota warra kaan caala callaattii caaluun waan hubate natti fakkaata. Dhala namaa waan tokkoo akka hin goone irraa dhorkuu jechuun, namicha kakaasuufi itti ofuu akka ta'e barreessee jira. Addaamiif Hewaan kan dogoggorse bofa sana osoo hin taane jecha waaqayyoo 'hin nyaatiinaa' jedhudha. Ajajicha akka dhagahaniin of gaafachuu eegalani.

Mukichi muka barsiisaa malee summii miti. Sababiin dhala namaa muka beekuumsaa sanarraa dhorkuu jiraachuun garuu ni shakkisiisa. mukni beekumsaafii jireenya bara bara kennuu osoo Gannat keessa jiraatee ajajni waaqayyoo adda ta'a ture; osoo ta'ee jiruu faallaa kanaatiin 'hin nyaatiinaa' ajaja jedhutu addaamiif hewaaniif ka'e. ajajni waaqayyoo ajajamuu diduu addaamiif sababa olaana yoo ta'u, bofti garuu sababa yaartuudha.

Waaqayyoo fii bofichaan dhiibamanii cubbuu sana yoo hojjetan illee, isiniin gargaaraa waanti isin godhu sababni tokkollee hin jiru; yeroo baala sanarra nyaatan bira hin jirtani. kiristaanonnii yihuudonnii adduunyaa kana karaa kanaan dallaalaa turaniiru cubbuu addaam irraa kan ka'e dhalli namaa yaaddoodhaan jiraachuu akka dirqamu himaa turaniiru dhalli namaa cubbuu addaamiif hewaaniif kanfala lamaanuu ajaja waan cabsaniif dhalli namaa itti aanu ajaja isaa eeguun irra jiraata shakkiifii gaaffii tokko malee ajaja isaa yoo fudhatan gannet galuu dandeessu.

Ka'umsaa isaanii yihuudii kan godhatani kiristaanonni, ayudiifii islaamni rakkoon dhala namaa cubbuu addaam jalqabaa irraa ka'ee dhufuu lafa kaa'u; amantoonni sadan amantaan walitti qaban dhalli namaa sanyii addaam waan ta'eef cubbuu addaam jalqabaa ilaalchisee akka adabaman amanu. Seera waaqummaa isaanittii caala seerri nam-tolchee sababaalee caalan akka ta'e yaadadhaa. Seerrii namaa ilma nama yakkamaa hin adabu. abbaan yoo lubbuu balleessee seerrii ilmi adaba fudhatuu hin jiru.

Addaamiif hewaan balleessitoota hin turre; murtee isaaniif kan isaan geessise fedhii beekuuti. Namni kamuu waan wal fakkaataa gochuu danda'a. hawwiin beekuu kennaa uumamaa dhala namaati malee cubbuu miti.

Hawwiin waa baruu uumama dhala namaati; waaqayyo immoo kana gochuu dhorka haaluma wal fakkaatuun jireenya bara bara jiraachuun hawwii dhala namaati; namni kamuu du'uu hin fedhu" jechuudhaan amantaalee hedduu ni balaaleffata.

Akksumas kitaabolee dhaabbilee amantaa garaa garaa irraa barsiisan "ani kitaabilee gurguddoo f barsiisoo ta'an hedduun dubbise garuu quraanaaf wangeelli tasumaa naaf hin galle isaan kun lamaan barreeffama waayee hin baafnedha waraqaan akkasumaaf qisaasa'e" jechuudhan dubbata akkasumas gama biraan immoo "quraana waaqayyootu nabiyyuu mohaammaditti erge. Yeroo quraanni gadi darbatame jedhamu sana mohaammad ciisaa jira; silaahoo seexannis namatti dubbatti jettanii nama goyyomsituu, yoo quraana kana seexanatu nabiyyuutti erge ta'e yaa uumata musiliisaa

baddaniittu" jechuudhaan quraana irratti dubbata. Akkasuma illee dhimma wangeelaa ilaalchisuudhaan "museen waan barreesse dhugaa ta'uudhaaf soba ta'uu isaa waan adda nuuf baasee hin qabu. Icciitii wayii qabatee du'eera. Yesuus nama gaarii gochuudhaaf jedhee hojii isaa muraasa qofaa caqase. Akkasuma yesuus roonaldoo deevich mucaa jedhamu kan suuraa Monalizaalizaa harkaan kaase maaram maqdallaa irraa dhalcheera. Kanaaf raagaan immoo isa inni gaafa fannifame maaram magdallan bakka fannoo isaa dhaabattee dubbatte namoonni tokko tokko gaafa raga bahan yeroo sanatti 'jaarsakoo na gattee duutaaree?' jechaa akka turte dubbatu akkasumallee ogummaa akka ajaa'ibatti suura kaasuu kan qabu qomoo warra yihuudiiti. Kanaaaf shakkii tokko malee Ronaldi Devich ilma yesuus Kiristoos akka ta'e beekamaadha" jechuudhaan haasaa ajaa'ibaa namoota amantaa wajjin taasisa.

Dhimma amantaa ilaalchisee, kanneen biro inni dubbatu keessaa "ani namoota amantaaf soda jabaadha; garuu osoo waanan jedhu na hubatanii isaan ni gargaaramu

ture. Namoonni kun akka isaan baricha faana deeman nan hawwa. isaan garuu dheedhiidha tasumaa baricha faana hin deemani. Namni tokko dhufee waayee isa waggaa kuma lama duraa turee seenaa nama iyyesuus jedhamuu nama akkasumaanii lallaba. tokkommoo dhufee isa dura nama waggoota hedduu turee seenaa muse lallaba. Isaan akkanaa kanaaf dhugumatti ani sodaadha. sababnisaa ani nama baricha kanaa waanan ta'eef" jechuudhaan barsiisa. Akkasumallee ittuma fufuudhaan yeroo lallaba taasisuuf hawaasa barsiisu

"Abbootiin amantaa hindii warri durii sirna amantaa duwwaa kan lallabaniif qulqullummaaf qajeellummaa dhoksanii, amantootaa irratti namoota soda gadhiisanidha. Guddina afuuraa fidnaa jireenya dhuunfaa isiniif fidna jechuudhaan warreen qarshii namarraa funaananidha kanaaf amantiileewwan du'aniiru" jechuudhaan bakkee keessa deemee barsiisaa ture.

Gama biraatiin akka namni ilaalcha soda of keessaa balleessee gara jabeessaaf kutataa ta'uuf illee heddu dhaama ture. Kanaan kan wal qabatu dhalli namaa

du'aafi du'aa booda taatee uumamu akka hin sodaanneef gaafa dhaamu, "Dhalli namaa waaqa ibidda bara baraatti nama galchu sana Sammuu isaa keessaa baasee gaafa ajjeese, bilisaan jiraata" jedhuudhaan illee ni eera. Akkasumas gochootaf taatee nama gaddisiisaniif nama miidhan gaafa uumaman isa namoonni "gaarummaadhaafi" jedhan gaafa qeequ "balaa uumame tokko 'gaarummaadhaafi' jenna taanaan adolf Hitler gaafa du'ee Gara motummaa waaqayyoo kan Wangeelli jedhu sanaa deemu, waaqayyo gadi baheetu 'wooow…..baga nagaan dhufte ani kan akkakeen barbaada' jedhee simata" jechuudhaan ibsa. Jecha kanaan wal qabatee Mother Tretha yaada ishee hedduu mormee bira darba.

Kana malees oshon kitaabilee isaa hedduu keessaatti akka eeramee jirutti waaqayyoon ilaalchisuudhaan kan inni dubbate iddoo garaa garaatti adda addumaa ni Agarsiisu. Fakkenyaaf kitaaba tokko irratti "waaqayyoo waanti jedhamu tokkollee hin jiru; atumti mataankee waaqayyodha" jedhee yeroo dubbatu, kitaaba gara biraa keessatti immoo "nama maaltu uumee? Jettanii yoo na

gaafattan waaqatu uumen jedha; waaqa maaltu uume yoo naan jettan immoo deebii hin qabu" jechuudhaan dubbaata. Hammas kitaaba biraa keessatti immoo, "waaqayyo nama osoo hin taane miiradha; kanaaf miirakee dhaggeeffadhu" jechuudhaan dubbata.

Dabalataan immoo amantaan alatti dhimmaa barreeffamaa ilaalchisee illee jecha Afaan Ingiliffaa "school" jedhu fudhatee garaa "garummaan 'o' isa jalqabaaf 'o' isa itti aanuu maalidhaa? Maaliif lama ta'uun isaan barbaachisee?" jechuudhaan dubbata.

Kanarraa kan ka'u namoota hedduudhaan yoo balaaleffatamu faalladhuma kanaatiin immoo beekkamtiif fudhatama olaanaa argamsiiseeraafi. Booda keessa Bakka itti amantaa haaraa (Meditation) kana barsiisu hanga barbaaddachuuttis tattaafachuu eegale. "jireenyi rakkoodha jireenyi daraadhaa akkasumallee jibbaa jireenya biyya lafaa kanneen barsiisaan isaan amantaa dhugaa miti sobdootadha" jechuun barsiisuun isaa hindoota hundumaa biratti dhaga'amaa dhufe.

Faalladhuma kanaan immoo yeroo amantaa ibsu “amantaan ogummaa jiruu kan ibsu ta’uu qaba” jechuudhaanis dubbachuu ittuma fufe. barsiifni Osho hundi isaa lallaba inni bakkee garaa garaatti taasisedha malee hanga inni lubbuudhaan lafa irra turetti kan bifa kitaabaatiin dhiyaate hin turre. Akkasumallee kitaabileen Osho kan yeroo hammaa addunyaa kana irratti hedduu dubbifaman kan inni barreesse osoo hin taane lallaba inni yeroodhaa yerootti taasisaa ture kan duuka buutonni isaa bifa waraabbii sagaleef suur sagalee (VIDIO) dhaan waraabanidha.

Barsiifni osho irra caalaan isaa olaantummaa afuuraa nama tokkoo irratti kan xiyyeefatu yemmuu ta’u, amantaa mootummaaf kanneen biro, akkasumallee jireenyii hawaasummaaf maatiin dhalli namaa olaantummaa kanaaf akka hin geenye warra nama dhorkan waan ta’aniif hin barbaachisani. Keessumaa dhalli namaa ilaalcha jaroota kanaan waan summaa’eef bilisummaan dhala namaa kan inni eegalu sammuu irraa akka ta’e ni ibsa. Akkasuma qaamni namaa illee ol

aantummaa afuuraa irraa nama dhorka. Kanaaf kanneen irraa dhalli namaa bilisa bahuu akka qabullee ni lallaba.

Kan birammoo bilisummaan afuura dhala namaa inni biroon miiraan tasgabbaa'uu (meditation) gosoota hedduu kan qaban boqonnaan sammuu kan 112 irra caalan fayyadamuu akka furmaataatti lafa kaa'a. gosoota boqonnaa sammuu kanneen namni yookaan amanaan fayyadame tokko jireenya isaa keessatti burqaa gammachuu akka argatu ni ibsa. Maatiin osoo gaa'ila hin dhaabiin gammaduu akka qabu illee jajjabeessaa ture.

Osoo inni beekkamtii hin argatiin dura hordoftoota hedduus horachuu danda'ee jira. Hordooftoota horachuu isaan boodallee "ani gaafan barsiisu amantaaleen akka hin barbaachifnen barsiisa malee amantaa kan biraa waan barsiise hin qabu" jechuudhaan dheekkamaa dubbata. Haa ta'uyyuu malee dhaabbileen amantaaf "beektota amantaa" warri ofiin jedhan immoo "oshon amantaa kaan balaaleffatee amantaa dhuunfaa isaa barsiisa" jechuudhan irratti duulaa turani.

Oshon yeroo ol antummaa afuuraa nama dhuunfaa barsiisu amantaalee, siyaasa, gamtaaf, ijaarsaa maatii diiguudhaan lallabaa ture. Mataa isaa akka barsiisaa daandii nama qabsiisutti lakkaa'a. "habaaboodhaaf ifa kennituu ta'aatii ilaalaa" jedhuun yoo lallabu hedduun haalan caqasaa turani. Lallaba isaa keessas akka hordoftoonni hin mukoofneef akka hin dhiphanneef jecha jechootaa qoosaa makuudhan lallabuun isaammo fudhamuu isaaf gahee olaanaa taphatee jira.

Keessumaa magalaa punee keessaatti lallabaaf bakka taatu magaalaa xiqqoo hangaa uumuutti illee gahee ture. Sana boodas biyyoota fagoo garaa garaa kanneen akka Awurooppaa, Eshiyaa, Ameerikaa fi kanneen kana fakkatan irraa gara isaatti heddumatanii deemuudhaan hordoftoota isaa ta'uu danda'anii ture. Kanaaf immoo hordoftoota isaa keessaa namoota hubannoo jabaa qaban fo'uu eegale. hordoftoota kanneeniif maqaa 'saniyas' jedhus moggaaseefii ture. Hiikkaan maqaa kanaa immoo "duuka buutuu yookaan hordoftuu" jechuudha.

Duuka buutonni sunniin gaafa haalaaf amala akkasumallee dandeettii osho ibsan “inni hoogganaa keenyadha; akkuma dacheef ifni aduu barbaachisu oshonis hedduu nu barbaachisa” jedhanii ibsu. Saniyas ta’uudhaaf ulaagaan guutamu inni jalqabaa waan kanaan dura keessa turan hundumaa irraa adda bahu qabu. Akkasumas Maqaa isaanii ni jijjiirratu duraan kan hordofaa turan siyaasaas ta’ee amantaa duraan miseensa isaa turan irraa adda ba’u. kan birammoo gaa’ila yoo qabaatanis maatiis yoo qabaatan dura sana diiguun dirqamadha. Waanta qaban hundumaas kennuun isaanirraa eegama.

Haaluma kanaan namoonnii ilaalcha amantii, siyaasaa maatiif kkf irraa bilisa bahan waan heddummataa jiraniif bakka bal’aa barsiisa isaaf ta’u hundeessuuf qaqqabe. Sana booda hammaf Maqaa kabajaa “baagu’an shire raajinesh” jedhu argaachuu danda’ee jira. Baagu’an jechuun ‘kan eebbifame’ jechuu yemmuu ta’u, shire jechuun immoo gooftaa kabajame jechuudha. Sana booda Hordoftoota isaa warra saniyas jedhaman bakka barsiisaaf ta’u akka barbaadanii hindi keessatti bobbase.

Isaanis lafa bal'aa bakka qubannaaf akkasumas illee barnootaaf ta'u barbaacha ajaja Osho Fudhatanii, barbaacha eegalani.

Barbaachaaf iyyaafannaa Sana booda lafa duwwaa naannoo namoonni biroon galan irra fagaatee argamu bakka lamas argatanii ture. Isaanis Maallaqa heddumminaan waan qabaniif bakka sanaa bituudhaaf yaadaa dhiyeessani. Garuu, Dhaabbileen siyaasaafi amantii Barsiisa isaaf lallaba isaatiin rifaatuun isaan ajjeese diddaaf mormii waan dhiyeessaniif waantichi osoo hin milkaa'iin hafe. Yaadni isaa hinditti jalaa kufnaan oshon yaada isaa gara Ameerikaatti deebise. Innis ameerikaa imalee hordoftoota isaa faana akka aachi qubatan yaada dhiyeesse.

Waggoota kudha shaniif haala gaariin barsiisaaf lallabaa kan ture oshon miilana rakkoon isa mudachuu eegalaa dhufe. Sana booda hordoftoota isaa keessaa dubartiin cima qabdi jedhamtu kan maqaan ishee 'sheelaa' jedhamtu gara ameerikaa imaltee bakka naannoo 'origon' jedhamuu bakkee horsiisa loonii kan ture bitte.

Ega bakkee sana karaa Shela bitataniin boodaaf oshof hordoftoonni biroon hafan sababa yaalaa fayyaa barbaaduu jedhuun ameerikaa galani.

Akkuma aachi gahaniin oshon qoqqobbii dubbachuu waggaa sadiif walakkaa waan ofirratti murteesseef ‘sheelaan’ bakka isaa buutee itti gaafatamummaa inni bahu hundumaa raawwachuuf haal duree xummurte.

Waan hundumaa kan dubbatuuf oshotti kan dhiyaatu ishee ta’e. sababa yaalatiin ameerikaa erga galanii booda haalli isaanii sirrachaafi dhufe. Egereen fuuldura isaaniis waan Abdii namatti horu ta’aa dhufe. Bakki isaan qabatanis “Rajinasha forum” jedhamee moggaafame. Bakki kun duraan ona kan ture hamma gara magariisummaatti fiduudhaan bakka akka ajaa’ibaatti jireenyaaf tolu taasisani. Akkasumas hordoftoonni osho halkaniif guyyaa kan hojjetan yemmuu ta’an kuduraaf muduraa aachumatti omishuudhaan waan nyaatan tolaan argachuu eegalani. Gama hojiitiin hedduu cimoof tattaafatoo kan ta’an hordoftonni osho bakka ofiif qotanii omisha irra dhaabbatan kana irraa tola fayyadamu malee

waanti isaan bitanii nyaataf oolfatan hagas mara hin turre.

Gama biraatiin Hordoftoonni osho kunneen wayyaan isaanii diimaadha akkasumas namoota nagaa fi amala qabeeyyii jedhamuun addumatti beekkamtii gaarii argatani. Bakki isaan jiraachuuf qabatan kunis bakkee dhalli namaa tola irra jiraatuu akka barbaade ta'uu danda'u ta'ee addumatti hawaasa biratti qalbii namaa harkisuu eegale. Namoo beelaaf dheebuu akkasumas qaala'insa gabaatiin hin dararamu.

Akkuma armaan olitti siniif kaase Yeroo kanatti oshon qoqqobbii dubbachuu ofirraa kaa'ee kan ture yemmuu ta'u booda keessa turee bulee bakka isaan qabatan sun "bakka horsiisa loonii waan ta'ee magaalaa irratti ijaaramuu hin qabu" falmiin jedhu isaan irratti ka'uu eegale. Duuka buutonni oshoo hoggansa shelatiin mirga isaanii kabachiisuudhaaf yaalanis illee milkaa'uufii hin dandeenye. Inumaayyuu isaan bifa naga qabeessaf tasgabbiidhaan yoo falmatan namuu isaan dhaga'uu

didee hundumtuu isaan qeequuf jibbinsa isaaniif qabu calaqqisiisuu eegale.

Kanarraa ka'uudhaaf abbootiin warraa 45 kan irra jiraataan magaalaa xiqqoo 'Antelop' jedhamtu caalmaa sagaleefi Matta'a barbaachisullee kennanii kan isaanii godhachuuf yaalanii jalaa kufaa ta'e. akkasumaaf fincilaaf falmiin gama hoggantoota amantaafi namoota siyaasaa ameerikaatiin caalumatti mul'achuu eegale. Adduamatti namoonnii siyaasa duuka bu'aniif hanga'oonni Amantaa fincila oshof hordoftoota isaa irratti kaasuudhaan warra adda dureen eeramanidha.

Kanarraa ka'uudhaan bakka osho buutee hordoftoota sana hoogganuu irratti kan argamtu shelan furmaata biro karaa ittiin fincila uumame kana ofirraa ittisan fala gara biraa uumte. Innis namoota meeshaa waraanaa hidhatan kan "hidhattoota nagaa" jedhaman bobbaaste. Inumayyuu gochaa namoota naannoo sanaatti hedduu waan mufatteef bakka namoonni naannoo sanaa bishaan dhuganitti summii 'salmonellaa' jedhamu dhangalaasuudhaan hawaasa naannoo sanaa

summeessuuf yaalii gootee turte. Ta'us illee namni summii sanaan dhumeef balaan qaqqabe hin eeramne.

Sana booda bakki isaan qabatan duraan bakka amantaa, siyaasaaf maatii irraa bilisa ta'ee afuurri nama dhunfaa itti barsiifama jedhamee yaadame akka dirree waraanaatti balaaleffatamuu eegale. Hordoftoonni oshos osoo isaan miila isaatti kufanii isaaf sagadanii suuraan agarsiisu bakkeef miidiyaa addunyaa hedduu irratti mul'achuu eegalani. Akkasumallee bakka inni hin jirreetti suuraan isaa fannifamee hordoftoonni isaa yoo suura isaatti sagadan mul'ate. Midiyaaleen addunyaa kan durumaan iyyuu saba irratti guuraa turan, hamma haasaaf taatee hoo'aa kana kan raawwatameef hin raawwatamiin waliin dabaaluun, addunyaarra naannessani.

Akkasumallee hordoftoota isaa dubartoota hedduu faana saal quunnamtii raawwachuu isaa namoonni "agarre" jedhen dubbachuu eegalani. Haa ta'uyyuu malee oshon jireenya qananii namoonni dureeyyiin addunyaa kanarraa jiraatan kamuu caala jiraachuu eegale. Heddu kan nama

ajaa'ibu Konkolaattota addunyaa kanarraa gatiin isaanii qaalii ta'e Rolsrois 95 akka isaaf bitamanis uummata ajaa'ibuu yoo eegalu caalatti immoo konkolaataan Rolsrois 365 bitamaniifii guyyaa guyyaan konkolaataa haaraadhaan deemee waggaa tokko guutuu konkolaattota haaraadhaan akka deemaa ture dubbatamuu eegale. Kun kan abbaan qabeenyaa addunyaa kanarraa sadarkaa duraa irra jiruyyuu hin raawwanne oshon raawwachuun isaa oduu ajaa'ibaaf belbeltuu sab-himaalee taatee hammas saba raajeffachiiste.

Kana hundumaa irra kan caalu garuu dubartiin sheelaa jedhamtu kan inni muude adabbii fi hoogansa sibiila caala jabaatuu adeemsisuun isheefi naannoon nageenyaafi tola ooltummaaf jedhamee hundeeffame dhiibbaa mirga namoomaa faana wal bukkee qabamanii himamuuf irratti odeeffamuun eegalame. Kanaaf sababa guddaa kan ta'emmoo miidhaa baayolojii sheelaan hawaasa naannoo sanaa irratti gaggeesitedha. Fuula seeraaf namoota siyaasaa duratti 'miidhaa keemikaalaafi baayolojii' jedhamuudhaan ol ka'ee afarfame. Abbootiin seeraaf abbootiin siyaasaa kan duruman iyyuu haasaa

oshotiin qaana'anii deebiidhabanii mufaatuun jiraatan hamma yakka funaanuuf osho irratti himata banuuf dabaree wal saamuu eegalani.

Osuma haala kanaan jiranii Oshon Waanti deemaa jiru kun hammaataa ta'uu isaa eerga hubatee booda, qoqqobbii dubbachuu mataa isaa irratti murteessee of irraa kaasuudhaan taatee uumameef miidhaa sheelaan hawaasa naannoo sanarratti raawwattee eeyyama isaaf beekkamtii isaan alatti ta'uu mormuu eegale. Taate uumamees haala kanaan ibsuu eegale.

Taatee mare isaaf quba qabaannaa isaa malee raawwatameef dubbii yeroo sanatti addunyaan wal harkaa butee haasa'aa jiru kana gaafa ibsu "yeroon callisa keessa ture homaa waanan beeku hin qabu ture; namoonni xalayaa naaf barreessaa turani. Garuu ana bira qaqqabaa hin turre. Osoo ani hin beekiin faashistiin xiqqoon uumamee ture. Shelan Anayyuu na ajjeesuudhaaf yaalaa turte" jechuudhaan yoo dubbateyyuu taateef rakkoo uumameef itti gaafatamummaan kan isaa ta'uun hin hafne. Badii jiru

hundumaa oshon sheela irratti haqatus gaaffi ka'u isarraa deebisuu hin dandeenye. Inumayyuu dubbiin kun gaafa odeeffamu yakkamaan jalqabaa osho akka ta'etti haasa'amuu eegale.

Haaluma kanaan osoo jiranii, abbootiin aangoof namoonni siyaasaa isa hordofuun kan isa sodaachise oshon bakka sanaa fagaachuuf dhokachuu akka qabu murteesse. Ijaa kanaatiifuu xiyyaara dhuunfaadhaan kireeffateen biyya sana irraa baqachuudhaaf osoo yaalii gochaa jiruu eeruu isarra gaheen qaama mootummaan qabamee mana adabaa seene.

Eerga qabamee booda odeeffannoon bahu akka mul'isaa turetti yeroo sana gara beermudaatti akka baqachuu yaale ture fa'aatuu eerama. Yeroo sanattii qarshii miliyoonaan lakkaa'amuuf faayalee warqee garaa garaa qabatee akka tures himaamee ture. Yeroo sanatti qabamuun oshoo kan isaan gammachiise abbootiin taayitaa fi Angawoonni amantaa garaa garaa hedduun addunyaa irra isa naannesuudhaan akka injifannootti himachuu eegalani. Karollaa kaabaatii hanga poorti laanditti naannessamee

agarsiifamuun isaa oduu hoo'aa miidiyaa addunyaaf gammachuu jabduu dhaabbilee amantaaf siyaasaa ta'ee mul'ate.

Akkuma qabameen himanni hedduun irratti baname. Isaan keessaa "karaa seeraan alaa gara ameerikaa deeme akkasumas hordoftoonni isaa akka mirga lamummaa argataniif gaa'ila seeraan alaa gaggeesse" kan jedhu warreen akka sababaaf jalqaba irratti ka'anidha. Oshonis himata kana deddebi'ee yoo falmu garuu abukaatoon isaa akka inni amanu dirqisiisee amane.

Yeroo sanatti himata isarratti dhiyaatefi gochaa isaa amanuu oshotin Abbaan seeraas hidhaa waggaa kudhanii ammakiroodhaan itti murteesse. Doolara kuma dhibba afuris akka adabamu itti murtaa'e. dabalataanis waggoota shan keessatti akka gara ameerikaa hin geenyellee itti murtaa'e.

Oshon akkuma ameerikaadhaan baheen qaamni isa simatu dhabamaa dhufe. Biyyoonni hedduun carraa argame kanatti fayyadamuudhaan ololaaf shira qaamota mootummaaf dhaabbilee amantaan irratti dubbatamu

hunda dhugaa godhanii amananii fudhachuudhaan, akka inni isaanitti hin seenne dhorkuu ittuma jabaatani.

Gara boodaa keessa oshon gara biyya dhaloota isaa hindiitti deebi'e. akkuma inni bakka mumbayi jedhamee beekamu gaheen uummanni hedduun bahee simannaa gootaa taasiseefi. Osho dabalatee namoonni hedduun ameerikaanota jibbuuf tuffachuu akkasumallee balaaleffachuu ittuma cimsani. Adaba sana jiilee yookaan sodaatee Oshonis kanuman hin dhiisne hammas uummatatti bahee lallaba isaa dhageessisuuf barsiisuu ittuma fufe. Hawaasnis haalan barsiisaaf lallaba isaa kanatti gammadanii caqasuuf ajaa'ibsiifachuu eegalani. Dhaabbileen amantaaf siyaasaa osho dadhabsiisuuf yaalaniyyuu oshon hammas barsiisa isaa dhaabuu dhiisee itti fufuun hammas namoota hedduuf dhukkubbii mataa itti ta'e.

Sana boodadha egaa oshon maqaa hamma har'aatti adduunyaan ittin beeku 'osho' kan jedhu kan inni argate. Haa ta'uyyuu malee oshon waqti kanatti hedduu dhukkubsachuufi fayyummaan isaas nama yaaddessuu

eegale. Sababiin dhukkubsachuu isaa immoo gaafa ameerikaatti hidhame nyaata summaa'e akka nyaachisaniif akkasumallee qoricha nama summeessu akka waraanan ni dubbatama.

Dubbiin kun osoo hedduu hin fagaatinn akkuma "ijji gamnaa dura boossi" jedhamu ameerikaannonni waakkachuu eegalani. Booda keessa egaa oshon dhalatee waggaa shantamii saddeettaffaa isaatti addunyaa kana irraa du'aan boqote. Akkuma aadaa biyya Hindiitti Reeffi isaas gubatee daaraan reeffa isaa qodaa kabajaatti naqamee ol kaa'ame.

Akkasumallee daaraan reeffa oshoo irrattis "oshon yoomiyyuu hin dhalanne; tasumallees hin dune. Addunyaa kana bara 1931hanga 199tti daawwateera malee" jedhanii barreessani.

Haa ta'uyyuu malee oshon du'uudhaan dura hagas mara fudhatama dhabuyyuu eerga du'een booda garuu maqaan isaa ol kaafamuuf jajamuu eegale. akkasumallee tarree goototaaf beektota addunyaa kana irraa maqaan isaanii dhahamu warra jalqabaa keessa gale. Hanga har'aatti

ilaalchi falaasama isaa Addunyaa kana irratti adda durummaadhaan eerama.

Akkasumallee namoota kudhan Hindii jijjiiran keessaa isa tokko ta'uu isaa raga bahaniifi. Ministeera muummee Mohanmingii hanga taatoo fiilmii bebbekamootti jajamuuf ajaa'ibsiifannaa guddaa argate. Bakkoota inni barsiisaa ture hundumaa irra deebidhaan qoratamuudhaan kitaabileen dhibba ja'a isaaf barreeffame. Afaanota shantamii shanii olittis hiikamaniiru.

Gama biraatiin immoo inni bara jireenya isaa "ani nama falaasaamaa" miti ofiin jedhuyyuu uummanni hedduun garuu "inni nama falaasamaa dorgomaa hin qabnedha" jechuudhaan maqaa isaa ol kaasanii faarsuu ittuma fufani.

Walumaa galatti erga Oshon addunyaa kana irraa lubbuudhaan godaanee booda kitaaboleen falaasama isaa addeessan hedduun dubbistoota lakka'anii 'hagana' jechuun nama rakkisu bira gahee jira;hanga hammaattis dubbifamaa jira!

Xummurameera!

Hanga dhumaatti waan dubbistaniif guddaa Galatoomaa!